

Odeeffannoo waa'ee ACCESS for ELLs



ACCESS for ELLs maalidha?

ACCESS for ELLs (ACCESS) madaallii dandeettii afaan Ingiliffaa dhaggeeffachuu, dubbisuu, dubbachuu fi barreessuu irratti akka ulaagaalee WIDA English Language Development (ELD, Daandetti Guddina Ingiliffaa) keessatti ibsametti madaaludha. Istaandardiin kun Minisootaadhaan kan raggaasifame fi fedhii afaanii istaandaardii qabiyyee barnootaa kutaa biyyattii kan guutudha.




Eenyuutu ACCESS fudhachuu danda'a?

Barattoonni Afaan Ingiliffaa kutaa K–12tti galmaa'an hundi kutaalee mootummaa Minisootaa fi manneen barnootaa chaartaraa keessatti ACCESS ni fudhatu. Barattoonni tokko tokko Sagantaa Barnoota Dhuunfaa (IEP) qabaniifi ulaagaalee addaa kan guutan WIDA Alternate ACCESS fudhachuu ni danda'u.



Barattoonni maaliif ACCESS fudhatu?

ACCESS barattoonni dandeettii afaan Ingiliffaa daree keessatti barachaa fi shaakalan akka agarsiisan carraa ni kenna. Murtii waa'ee guddina afaanii dhuunfaa odeeffannoo kennuu fi sagantaa barnoota barsiisa afaanii keessatti tajaajila kennamu argachuuf ulaagaa itti fufiinsa qabu murteessuuf Barsiisonni bu'aa argametti fayyadamuu ni danda'u. Manneen barnootaa bu'aa argame fayyadamuun fedhii barattoota afaanota hedduu dubbatan guutuu keessatti milkaa'ina isaanii hordofuuf gargaaruu danda'u. Maatiin bu'aa argame irra dhabbachuun mucaa isaanii deggeruuf itti fayyadamuu danda'u.



ACCESS yoom geggeffama?

ACCESS waggaa waggaan hanga barataan sagantaa barnoota afaanii isaa gadhiisutti fudhatama. Qormaanni kun dhuma baatii Amajjii hanga dhuma Bitootessatti kennama.



Barattoonni akkamitti ACCESS fudhatu?

Barattoonni baay'een isaanii toora interneetii irratti ACCESS ni fudhatu. Barattoonni mana barumsaa oolmaa daa'immanii madaallii kana dhuunfaadhaan barsiisaa waliin fudhatu. Barattoonni tokko tokko fedhii isaanii irratti hundaa'uun kanneen karoora IEP ykn 504 qaban dabalatee, Waraqaa ACCESS fudhachuu ni danda'u.